

**AFAAN GABRA
BUGI BARSISA
QARQARTU
MIN TOKO**

1

© KENYA INSTITUTE OF CURRICULUM DEVELOPMENT

Waani malaa chuf ta wor bugi tan baase. Isi kuta bugi tana irra hibamne, ak chufa fu fakana akelektroniki, mekaaniki, fotokopin, rekodun ka qorsuman dhuratu hibesisin wor bugi tan baase.

© Kenya Institute of Curriculum Development

ISBN NO: 978-9914-43-272-5

Baresitin kara

Kenya Institute of Curriculum Development

P. O. Box 30231-00100

NAIROBI-KENYA

Telephone: (020) 3749900-9, 3747994

Fax: 254 (020) 3639130

E-mail: info@kicd.ac.ke.

FOREWORD

The Kenya Institute of Curriculum Development (KICD) is mandated to advise the Government of Kenya (GoK) on matters pertaining to curriculum development. One of KICD's specific functions is to develop, review and approve programmes, curricula and curriculum support materials that meet international standards for all levels of education, below the University.

In this context, the GoK adopted the Competency Based Curriculum (CBC) which was conceptualised and developed by KICD whose implementation started in 2019 with the Early Years of Education (Pre-Primary school and Lower Primary). The first cohort of CBC learners are currently at Grade 7 of Juniors School. The CBC vision is to produce engaged, empowered and ethical citizens with emphasis on nurturing every learner's potential. The Curriculum aims at developing seven key competencies through various learning areas at all levels. These include: Communication and collaboration, creativity and imagination, critical thinking and problem solving, citizenship, self-efficacy, learning to learn and digital literacy.

In the CBC, one of the learning areas that has been given prominence in the Early Years of learning is Indigenous Language (**IL**) as an important step in nurturing learners' communication and collaborative skills within their social-cultural contexts as provided for in the Kenyan goals of Education. This effort is also in tandem with the Language in Education Policy which stipulates that the medium of instruction in Early Years Education (EYE) should be the learner's first language. Accordingly, KICD has developed a *Learner's Book* and *Teachers' Guide* for Grade 1 learners in a number of indigenous languages in Kenya. The Learner's books are intended to facilitate systematic learning of listening, speaking, reading and writing skills in the target language. The Teachers Guide should be used alongside the learner's book for and is intended to provide a set of methods, techniques, suggested experiences and resources that will facilitate learning and make it interesting for learners at this level.

On behalf of the KICD Council, Management and Staff, I wish to most sincerely thank everyone who contributed to the writing of this Teacher's

Guide in one way or the other. Indeed, the guide is a testament of your invaluable sacrifice. A lot of appreciation also goes to the Development partners who contributed to the funding of the programme that made the writing and distribution process possible; in particular, the World Bank thorough the Kenya Primary Education Equity in Learning Programme (KPEELP. Ultimately, we are very thankful to the Principal Secretary, State Department for Basic Education and the Cabinet Secretary for Education for their invaluable guidance and support to the Institute.

A handwritten signature in blue ink, appearing to read 'Charles Ong'ondo', with a horizontal line underneath.

Prof Charles Ong'ondo PhD., MBS.
DIRECTOR/ CHIEF EXECUTIVE OFFICER
KENYA INSTITUTE OF CURRICULUM DEVELOPMENT

JECH DURAA

Aki gul Baranooti afaan gumi Kenya it mid'aasani, maro aada Kenyatifi, yaada maasoomon Kenya qabdufi ammale yaada fiina dhasa bulti nama. Aadan Kenya ta barsisa afaani, ak baranoota yayaba masoomo keesati afaan ufitiini dame ak aka ta masoomo barsiisani ka duubati mana afuri garrati yo feete lakifte baranoota dame dibii filatu. Tanaafu barsison tunini baranoota irjirti ak worri afaan ufi oogeefatu.

Baranooti afaan ufi baratoota ogumma cha'qasitifi, dubachitifi, somitifi amalle t'aafitii kenaafi. Mid'aasan bugi tana ak issin barsisa daandi afaan kanani barsisaani qajelchituufi. Bugi tanaafi ta baranoota woliin deemu malte ak masoomon min toko qajeela deemtu.

Qorisi bugi tana marro nami mata mata irko woli taefi tate. Anin gudho galata galchaafi worr t'aafi tanaa iti uf baase.



Prof Charles Ongondo PHD MBS

DIRIKTEERA KICD

Content

KUTA 1: WORR.....	1
KUTA 2: SKUL KIY	6
KUTA 3: ADHAB DHASSA	11
KUTA 4: FAYYUMMA.....	16
KUTA 5: BARA WOGA	22

JALQABA

Bugin qarqarsa mwalimu ta afan gumi ak aka, bugi baratoota ta min tokotin wolin deemu malte. Isiin gudho irjirti baranoota lalti, ak barsiso ak aka gula baranooti irra qarqarsa argate soomon tun sablatuuf. Baranooti wan hedu agarte hojaatu gula oga argaate ufuumaan wan hedu d'ibi baratti. Hogi isiin argatu kuni bekha dubbi qajeela ka dubbatani mid'aasitiif. Afaan baratooti bugi tan kesat baratu ijoole min toko ak isiin afaan it dalate qajelfaatu qarqarti. Kutan bugi tan kesaa, ak ijoolen tun afaan kana ak dhassa baratu gul gargari bassan.

AK BUGI BARANOOTAFI, BUGI BARSISA QARQARTU GUL DEEMAN

Bugin afaan gumi ta ijoole min toko, kuta shan qabdhi. Kutaan kamu ogumma afraan afanin baratani jajabeesa-; ogumma chaqasiiti (Ch'aqasi jed'i), oguuma dubbii (ka hasofnu), oguuma somiitifi (koota soomnu) ta qorsumaa (Koota qorru). Jechi baranooti baratu ch'ufti aka kutaa gul qodhani. Ogi baranooti argatu, wooni isiin gul demtu ak ijoolen wan baarate, fiin bulti guya ch'ufatini woltqajeelchitu. Yo ijoolen min toko hobafate isi afaan daloota qajelfatu irra fed'an.

Ch'aqasi jed'i

Dhameen tun ijoole dubbi afaan daloota qajechitifi. Ak ijoolen dhandhete haasa ch'aqafte wan d'ageete gul jettu. Akanafu dhameen tun qoomni afaanin baratan kenitifi. Dhandhin ijoolen ch'aqasafi jechan baratu, dhuridhurifa, sirbfa yokhaan jech'a wolfakaat fa. Kara kanaanin duuba ijoole afaan barati.

Ka hasofnu

Dhamen tun d'ibiini woni isiin qarqartu ak baratooti afan kana ka hingufanne woltd'aabde haasooftu. Baratoota dhaandhi garsiisani, ak worri jecha ch'ufa ka hingorsin dhubatu. Ijoole wan dhame hasaati baratani barsisani ak issin hasaa ogefaatu, wan aka tapa, dhuridhuri, ka sirbafa. Barsison tun ijoole kara hedhun hasau barsifti.

Ka somnu

Soomitini baratoota jecha hareesafi ak dhubi qajelfatani barsiifti. Qonqo olfud'atani sooman ijoole jech hinqajelfane qarqarti, maro wael worra ch'aqafte qajelfatu. Bultumani, jechi arabaalen qajeele hurre sooman. Qorsuman soman ta gari gaafi dhubaat qabdhi ak hubanoota baratoota d'ud'uman. Wonni sooman wan aka dhuridhuri, wolalo, jecha gagababa, jecha wolfakatufa. Barsisan ijoole soomiti qarqaru male ak baratooti oga soomiti argatu.

Ka qorru

Dhamen tulen baranoota qoomni worri qajeelche woqoratu kenitifi. Hujiin qorsumaa ak baranooti wan adh adha qortu. Qorsumma ak qube gugurdho, qube dhidhiqofa, jecha gagabafa ka qube talle d'oqeen qoran, ch'ufa ogumma qoriiti jajabeesiti. Barsiisan wan kan it oll eje ijoole dhandhi tan garsiisu malle ak isiin adha qorsuma ch'uf baratu. Dhamen tun ammala, ijoole ak isiin waan gaafatan qorsumma qajeelatin debifte, yaadha ufitin jecha gababa qorte duubati jecha d'ed'eerale it ogeefate qoratu. Bugin barsisa qarqartu tunin dhandhi baratooti qorsuma ak dhasa qajeelfatu garsiifti. Jechi qorsumaan baratani, jecha baratoota sablatu tau male. Tanaafu barsisan jecha baratoota hindhabsane filuu male, ka aka {oi} fulaa {a}, ka aka qube qajeeltu qoranifa, jecha wol hanqisanfa yokan qube gudhof diqo wolkesa makhan. Woltum dhebisi yo dhandhi bugi tan keesat himan, ak isiitin, gul yaani, yaadi baracha afan gumi ya guutame.

AK BARATOOTA FITTE QABDHU QARQARAN

Yo min atin barsiiftu ijoolen fitte qabdu kes jiraate, ak barsisoon worra hindhabne qorqorad'i. Akamin?

Chaqasiti

Yo baranooti d'iba d'ageeti qabu ka yokhan womayu hind'ageene min at barsiiftu kes jiraate, it d'iadi ak worri si d'agae si hubachu jiru qorqorad'i.

Dubachiti

Yo baranooti giige qabu min atin barsiiftu kes jiraate, qofa woliin tai waan worra

d'ibe hubad'i ak qarqartuni malchi. Gaafin hagi toko uf tufi fa qabdhi kha haasai kanke gara jabeese onne kenuf. Baratooti hedhun, yo barsisan qomni dubbii kenuufi, d'eeti biyy durat dubatanin keesa ba. Tanaafu, ijoole ch'ufa qomni issin dubatun keniifi. Baratoota ch'ufa gorsi, ak worri wol hingoyesine, kesuuma worr gaafifa irr mure. Chuff onne jabeesi ak worri waan dubach'u fed'u soda male dhidhese dhubatu.

Soomiti

Yo baranooti d'iba soomiti qabdu min atin barsiiftu kes jiraate, qofaat qarqarsa keniifi. Qoomni it balifad'i, d'iba kesa qulqulefad'i, ak yo d'ibi kun gudha taate, skula maleefi, ka ijoole fitte qabdu, gessani. Ijoole waan atin sabura irratt qortu hisomne, it gad d'iesi. Barsisani qorsuma kad'i somo gugurdhisu male.

Qorsumma

Ijoolen at barsiiftu, ganaafu, ilalch gudha feeti, nafilan ak dhassa hinjajabaane. Tanaafu, kalamule yo isiin qabachu dhad'abdhe qarqari. Ak worri qalamu qabachu male hingidhesini, hinifatinile qoomni isiin baratuun keniifi.

Waan qoran it hingudhisin, qomni worri irdhedhebie baratuun keniifi amalle nama qorsuma yakelle hinjarjarsin. Ijoole qorsuuman d'ibdhe, qofat wolaanin, worr isaanille qarqarsa it fed'ad'i.

Wonni tochuu malani d'ibiin, ak waan arm jalat qorani kan bekh isii qabaatan-:

- Ak barsison ijoole min toko haga dhandheeti worri it wobaratut dheemtu.
- Waan ijoolen min toko barachu maltefi, haga hoga isiin argachu malte.
- Ak amal dhassa, daram harres finnatif, jajabessaf wolin hojacha worr ijoleti, tanini waani huji gumii hojatani irra baratani, jiblesani wolin barsisani.
- Ak ijoolen fitte ak aka qabdhu, barsiso afaan gumi akum biyya argate qajeelfat.

KUTA 1: WORR

Jalqab

Kutan tunin wan worr kes jira irra dhubat. Baratan is waan horifi waan gara worra kes jiru qabaate, nagay wolfuditif, dhebisiti barate, wan didiqo jedan toche ammale qubee afan wora baratu.

A. Ch'aqasi Jed'

Mii baranota

- Bicha gaala, ree, harre
- Wan mulata ka ak d'amella, qorri, gorfa
- Kad'i somo ka jech nagay wolfud'an qabdhu
- Irsasa bif bifa
- Sabbura qube

Qopes barsisa

- Barsisan ka gise dhansa kurfau.
- Bich'a gaala, ree, harre koqefad'.
- Baranot dhurat d'oqe qora jed'in.
- Kad'i jech nagaya qabdhu dhurat mid'afad'.

Huji 1

Baratotan bicha bugi kes jirtu laala, wan agartan hima jed'in. Waan mulata qorri, gorfa, barata agarsis. Baratan ka laale maqa himu.

Huji 2

Dhuridhuri tan barata d'ai. Baratani ch'aqase gafi marsi dhebis.
Mamo dhiqani dhirama toko lafa kae, hit'efate erga had'a d'aqe.
Jenani haati barch'uma keniteefi anaan buufteef.
Anani quffe jenaani gammadhe mii had'a d'iqe.

Mamon ijoole dhassa.

Huji 3

Baratan ch'aqasi jed'in wan baratoti jet ta bugi kesa qoran. Wan wori jed' sun tocha jed'in.

Lamlaman barata qodh tapad'a jed'in, tok jech sun some, kaan d'ibin wan jed'an sun toch. Maro maron jed'a amale tocha jed'in.

B. Ka Hasofnu

Mii baranota

- Bugi barata
- Wan mulata ak d'amela, qori, gorf.
- Bicha d'amelaf qori fa

Qopes barsisa

- Barsisa ka gise dhassa kurfefatu
- Bilbilan kabi wan ak nagay walfudani.

Huji 1

Sirb kan barata sirb. Baratoti ka sigul sirbituti. Qajelch ak worri sirb.

Akam Ali? Fayya gumi.

Bultin bad'ad'a? Bad'ad' ke bad'ad'a.

Olin nagay? Nagay ke nagay

Nagayat Aye nagayat

Huji 2

Baratotan bicha buggi barata kes jirtu ak nagay walfud'an laala jed'in. Nagay sun jed'i worilen ka si gul jed'uti.

Jech bugi barata kes jiru jed'a jed'in. Oja wori jech sun jed'u wani worri baratu ak dhubi dhubatan. Amale ak wolin huji ojatan baratan.

Huji 3

Huji tan baratoti tap tapat. Tapi kunin wan guba akhesa ak nagay walfud'ani. Baratot tutaan qoodh. Tuuti tokin nagay fuud', tuuti d'ibin jech dhebis. Maro maron tapatan. Dhubin worri dhubat sun one kenitefi dhubile baratan.

Ejat qorqorti ka waan baranota

Hagg it hubatan Hubannot lalicha	Aga fed'ani ya dhabart	Aga fed'an ya baaten	Aga fed'ani diqum hanqat	Aga fed'ani fago iraa hinjirtu
Jech nagay qajelfat.	Jech nagay qajelfat maro ch'uf.	Jech nagay qajelfat.	Maqa garii jech hindhandhau.	Adhumat jech hindhandhau.

CH. Ka Soomnu

Mii baranota

- Bugi barata.
- Wan mulata ak d'amella, qorri, gorf.
- Bicha looni, mesa, mbira, qat'urre fa.

Qopes barsisa

- Barsisan ka gise dhassa kurfefatu
- D'amela, qorri, moqa
- Kad'i bicha wan mina qabdu dhurat mid'afad.

Huji 1

Bicha bugi barata kejirt baratotan laala jed'in. Wan agartan hima jedin. Qajelch ak wori ak dhassa som.

Huji 2

Waan gara worra kes jira ch'alla kadi gubat qori, barsiso dhuraatu. Kadi sun tok tokoon olfud'i barata garsis. Wan kad'i guba jira soma jed'in. Fakena qori, moqa, ree, qat'ure, d'amela, loon fa. Ijoole d'iba somoo qabdu qarqari.

Huji 3

Huji dharama

Qarqars wor kesantin horif wan wor kejiran maqa barad'a jed'in. Fakena qature, qorri, budhunu, reti.

D. Ka Qorru

Mii baranota

- Bugi barata
- Bicha qoonqo qube qabdu
- Kadi qube dhidhiqo irrat qoran qabdhu.

Qopes barsisa

- Barsisan ka gise dhassa kurfefatu.
- Kadi wan qubee kabdu kamid'asu.
- bicha wan qoonqo qubee kabdu kurfeesi.

Huji 1

Bugi barata laal jedin.

Wan bugi barata kesat gart qiles kessat qorr jed'in. Wan kan ka toktokon amale tuutalen tochitu. Ak wori kilens kesat qor lal. Qajelch baratot irra gort.

Huji 2

Barata waelketi wolin wan kilesa kesat qort, d'oqen qorr jedin.

Yo ijoolen waelan woqorte onne biy dhura ejite dhubatu argati, tannin yo woliin

hojate wol irra wobarate, onne woli salfataniile argati.

Huji 3

Baratan wan qiles kesat qore bugi tante kessat qorrad' jed'in.

Ejat qorqorti ka waan baranoota

Hagg it hubatani Hubanot lalicha	Hag fed'ani ya dhabarte	Hag fed'an ya baaten	Hag fed'ani dhiqum hanqat	hag fed'ani jal fago jirr
Jech Nagay wolfud'ani dhebisan qajelfata				

KUTA 2: SKUL KIY

Jalqab

‘Skuli Kiy’ kuta tok ta baranot min toko. Wani baratan fula afurit gothamt. Fula kamu sabstrandi baranot min toko gadh mid’asan qabdhu. Sabstrandi kunin ch’aqasi jed’, ka hasofnu, ka soomnu amale ka qorru qabdhu. Huji baratota malt ta sabstrandi ch’uf kesat qopesani jir ak barata gadh ojate dhuba sablin chaqafacha, dhubacha, somitif ta qorisa argat.

Armjal gors barsisa qarqar baranot sabstrandi ch’ufat kes jir.

A. Ch’aqas Jed’

Mii baranota

- Kad’i jech ak aka qabdu mid’asan
- Subb qube qabu
- Bicha
- Mii teknoloji

Qopes barsisa

- Barsisa ka gise dhassa kurfau.
- Kad’i wan maqa ak qube fa qabdhu midas.

Huji 1

Baratan, bicha bugi barata kejirt laali jedin. Wan lalan lamlaman irra hasaa jedin. Wan agarte wael kanketit him jedin. Baratot ch’uf ka huji it jabatu.

Huji 2

Huji tan lamlaman qabatan. Baratan, bicha bugi barata kejirtu at somi waeli kanke ha si chaqasu jedin. Barsisan wan ak aka mimichiraman somiti baratot ha qarqaru. Maro maro ha dhemtu.

Huji 3

Hujin tunin baratoti lamlaman tochtit. Gors ak wori toch.

- a) Lamlaman bicha bugi barata kejirtu akisin wolfakatun wolt dhara jedin.
- b) Wan wolt dhartan sun wolin soma jed'in.
- c) Baratoota qajeelch ak worri somiiti qajeelfate ammale wolch'aqas.

Huji 4

Hujin tun ak baratooti jech fula fulaat gargar baafta, qoonqo it mid'aasan barat. Baratoota ak issin jech gargar baaftu it qarqari.

- a) Jech lama jed'i ak gargar basan garsis, akhekha- ho ko = hoko, bu gi = bugi.
- b) Jecha lama d'ibi keniifi ak worri ufiin gargar baaftu.
- c) Jecha bugi baratoota kesa qoran laala woldhara, soma jed'in.
- d) lamlaman gargar basi ak isiin jecha mid'aasit suni marron soomte wolch'aqaft.

B. Ka Hasofnu

Mii baranoota

Kadi maqa hedhu qabdhu

Qopes barsisa

Barsisan ka gise dhasan kad'i maqa hedhu kurfeesu.

Huji 1

Baratoot wan isiin tau malte it himi. Waan at it himt suni ka wael ufit himtu. Wan dubbii barsisa gul dhemu malanif gafad'. dhebisa fakat chuf irra fud'ad'.

Huji 2

Bicha bugi barata kes jirtu laala jed'in. Waan worri bicha kesat arg wolt hima jed'in. Umuron man tahu male gafad'. Wan Umuron barsisa dagau malef qajelch, fakenna saal.

Huji 3

Jech lalafa baratoti hubat kenif ka aka jaal ke nagay fuud', gadh tai, bugi ban. Gors dhassa dubbi nama dagayani, ak d'ib kessa baanin, wolii salan fa kenif.

CH. Ka Soomnu

Mii baranoota

- Kad'i soomo
- Subb qube qab
- Mii teknolojia
- Bicha

Qopes barsisa

- Barsisa ka gise dhasat kurfau
- Barsisan mii wo irra barsisan kopes fakenna barchuma, bilbill ,mbira,deski.

Ak hubanot d'ud'uman

Akum baratoti somut ag worri argatef d'abele qorr.

Huji 1

Baratani wan wo irra baratan ka barsisan kopes laala jedin. Tutan gargar baasi maqa bicha suni soma jed'in. Ak worri gargar baase qonqo qara soom qarqar. Fakenna m ak mbira, b ak bilbila, d ak deski.

Huji 2

- a) Baratot ak worri wan skul kesat argan maqa d'au gafad'.
- b) waan baratoti maqa d'ae subura irrat qorr
- c) Baratotan wan subura irrat qoran ka somtu.
- d) Baratotan wan subura irrat qoran bugi kesat qorratu.

Huji 3

Hujin tunin ak baratoti wan barate qorat galte worr isani somt. Huji gudho worr ijole mudhit it hinkenin. Qajelch baratot ak dhassa.

D. Ka Qorru

Mii baranoota

- Kad'i soomo
- Subb qube qab
- Mii teknolojia
- Bicha

Qopesa barsisa

Mii baratoota dhurat kurfes.

Huji 1

Hujin tun ak baratoti qorsuma qajelfat barsift adho bugi kesat inqorre. Ak worri qorsuma qajelfat garsis. Fuul gar ijole indhefatin yo ak qiles kesat qoran agarsisut jirt.

Huji 2

Baratot garsisi ak isin qube ira hanqo gutun ak jechi kuni qitau.

Fakena

- a) Balbal
- b) Bugi

c) Kara

d) Ijole

Huji 3

Jech kan maro lam irr dhebi baratota soomi dhubat bugi kesat qorad'a jed'in.

a) Tunin bugi.

b) Anin qalamu qab.

c) Anin qorut jir

Irr dhemi ak baratoti qajelchite, mulifte qorat laal.

KUTA 3: ADHAB DHASSA

Jalqab

Kuta “Adhab dhassa” baratoti huji ak aka irr gadh bat sabstrandi afraan keesat; Ch’aqasi jed’, ka hasofnu, ka soomnu tan ka qorru. Baranoti ak qajelchan lamlaman amale tutan huji qabatan mar eddu. Barsisa qarqarsaf gors kenaaf.

A. Ch’aqasi Jed’

Mii baranota

- Bugi barata
- Nam bekh qabbu

Qopes barsisa

- Barsisa ka gise dhasan uf kurfesu.
- Kad’i dhuridhurif sirba qabdu mid’ase dufan min baratotatin.

Ak hubanot d’ud’uman

Gaafi afaani yo baratoot dhuridhuri soomte hobafte.

Huji 1

Dhuridhuri gababdhu gubba adhaba ijoole d’ai.

Nam bekha qabulle dhandhete it gadh yaamta.

Eegi ch’aqafte, baranooti gaafi gubba dhuridhuri ka afaanuman dhebiftu.

Huji 2

Dhuridhuri gubba adhaba dhassa baratoota dai.

Dhandhete atuuman d’oofte yokhan bilbilaan qabdhe ak worri ch’aqasu.

Baratooti ka afaani ufitin dhuridhuri tan irr dhebite d’oofu.

Barsisoon tun baratoota ak worri waan teknolojia baratu qarqarti.

B. Ka Hasofnu

Mii baranoota

- Kad'i soomo
- Mii teknolojia
- Bugi dhuridhuri

Qopes barsisa

- Nam bekha odhu dhuri qabu dhurat besisi yaam.
- Projektaf redhio dhuratu qopes.

Ak hubanot d'ud'uman

Gaafi afaani dhebifti.

Huji 1

Sirb bugi baratoota kes jiru barsiisi. Jecha adhab dhassa himu ka sirb kes jir qarqarsa ke wolin hima jed'ini. Fakeena ralidhi, galatooma, d'iad'a.

Baratotan sirb kan ka bugi worrale kes jiru sirba jedin.

Kesuma d'iad'a

Nu nagay isan funa

Nagayat jena yo kesuman galte

Galatom jena yo wonukhenan

Ralidhi na qabad'i jenna yo an sid'abele.

Baratota waan sirbi irra dhubat gafaad'i.

Marsi:

Wani sirbi irra dhubat, maqa adhab dhassa garsisu ak d'iad'a, nagayat, galatomif ralidhi qabad.

Huji 2

Baratoota tutaan gargari baasi. Kadi jech adhab dhassa ka ak d'iadi, galatoomi fa

mid'aasi subat guuri. Tuuti kamu ka kadi tok sub kesa fud'ate tuut d'ibiini dhubi irra mid'aas. Wan kan ka taraan tapatu. Tapi kuni baratoota malfa dhareefi, jech qajeelcheefi, jalaatifi tokummale barsiisa.

Huji 3

Baratootan lamlaman wan skul kesani irra hasaa jed'ini. Jech adhab dhassa dhubada jedin. Gubba dhemi hasa worra ch'aqasi.

CH. Ka Soomnu

Mii baranoota

- Kad'i soomo
- Mii teknolojia
- Bicha

Qopes barsisa

- Barsisan nam bekh qab ka dhurat it himu.
- Mii barsiso ch'uf kurfes.

Ak hubanot d'ud'uman

- Baranooti tara taran sooma.
- Hinsirban

Huji 1

Baranoota lamlaman qoodhi. Bicha bugi baranoota kes jirtu lalaa jed'in. Waan agarte ka himtu. Ka maroon soomtu waan bicha kesaat qoran. Nam soomiti hinqajelfatini qarqari.

Huji 2

Barsisan ka sirba afaan Gabra ka gubba adhab dhassa ka kurfessu. Sirb kurfeesitu suni baratoota barsiis. Yo isiin barate jech adhab dhassa garsisu ka himtuuti.

Barsison tunin wonni isiin baratoota qarqartu herega jajabaf ak d'iba kesa baan.

D. Ka Qorru

Mii baranoota

- Kad'i soomo ka jech qabdhu.
- Mii teknolojia

Qopes barsisa

- Mii teknolojia dhuratu qopes.
- Bugi d'ibi bekh irra dharatani qabad'i.

Ak hubanot d'ud'uman

Jech hanqo qabu.

Huji 1

Jecha kana baranoota soomi ak worri qoratu. Ammale irr dhebi soomifi. AK worri midase qorat laali qajelchif.

- a) ralidhi qabaad'i
- b) d'ifami
- c) galatom
- d) d'iadi
- e) egad'i

Huji 2

Baratot qajelch ak worri hanqo guut. Irr dheemi ak worri qajelfat laali.

- a) _____ alat gath bao. (D'ifama, D'iad'i)
- b) _____ anin ya ture. (Anin akan jed', Ralidhi qabad')
- c) _____ ka kalamu nakenit. (Galatom, D'ifama)

Huji 3

Baratotan dhubi gagababdu jech adhab dhassa qabdh ka bugi worra kes jirtu, qorada jedin. Barsison tunin wonni isiin baratoota qarqartu herega jajabaf ak d'iba kesa baan.

KUTA 4: FAYYUMMA

Jalqab

Kutan tun fayyuma nama irra dhubat ka baranot afan woratin barat. Kuta ch'aqasa jala, baratoti huji fayyuma, kara sirb fa, faruu fa, amale jech gababa fa barati. Kuta dubachiti jala, ak jecha sooman fa, jech gagaba wan gubba fayyuma baratani. Kuta somiiti jala, baratooti, barsiso wan gubba fayyumma soomte qalbeeti. Qorsuma kesat, jech waan fayyuma qajelchite irra qorti.

Qopes barsisa

Mii barsisanin ch'ufa duratu qabaad'i. Fula it baratanile wolguldhebisi kurfeesi. Baratoot fite qabdu, fula isiin it baratuufi waan isiin baratuun duratu qopesi. D'und'uma hubannot baratotatin lalani duratu mid'aafad'i.

Yadha baratoot fite qabdun qarqaranin

Ijoole agarta dhiqo, fula worri ak dhassa wan qoran arguf tesis. Ta d'age etin d'ibdhu, fula worri dhandhae wan barsisan d'agauf tesis. Baratot d'ibile ka d'iba fitte ak aka qabdu qorqorad' ak baratoot ch'ufti barsiiso qit'e argaatu.

A. Ch'aqasi Jed'

Mii baranota

- Mii barsisanin ka ak fila, rigaa, qors ilkanitifi, bututu furro.
- Bicha nama ak dhassa uf ch'okhu.
- Kad'i qube afaan Gabra qabdu.

Qopes barsisa

- Barsisan ka gise dhasan kurfau
- Kad'i sirba qabdu mid'asani dufan min baratotatin.

Huji 1

Sirba gababa wan gubba fayyumma himu kurfees.

Gami sirba toko waan ijoolen min toko adho diram skul iyyane minat taatu. Fakeena fuula d'iqatani, ilkaan rigatan, mata filatan, kope rigatan fa.

Gami sirba ka lameeso waan skulat ijoolen taatu ak chafu lagatan. Fakeena min it baratani hariiti, furro bututun fud'atan, hark d'iqatan fa. Sirba kana yo feete tuutan sirbite yokhan jimma wolin sirbiti.

Baratooti gaafi gubba fayyumma ka sirba keesat maqa d'aani, qajeelchite dhebisu malte. Sirbi tuutan sirban, ijoole wolisafachiti barsiisa.

Sirb kan baratota sirb. Barsis ak worilen si gul sirb.

Yo iriiba khate kotte lachu diqad

Ful kankele chompa irradiqad

Ilkan kankele ak dhansa rigad

Qulqulmti naf keti qulqulum qalbi teti

Mata kanke diqadi rifensale filad

Dada nafa dibadi waya qulquliti keyad

Harka miilkele ak dhassa diqad

Qulqulmti naf keti qulqulum qalbi teti.

Huji 2

Sirb barsisft suni yo galtani worr kesan sirba jedin. Tunin wonni isin qarqartu ak skulaf worri baratoot irre woli tau jabeesiti.

Walalo kan sirbiif ak baratooti si gul sirbite baratu.

Wan walalon jed'u, baratooti ka tochan garsiftu.

Walalo kana akum baratooti sirbitut bilbilan qabi, irr kaif ak worri ch'aqasu

Barsison tunin hubanoota waan teknolojia dharaaf.

Anin dhiram fuul d'iqada

Gadh jed'e miil d'iqad'a

Oljed'e rifens filad'a

0lsene woya kheyad'a

Skulat min harani

Deskile rigani

Chafule gurani

Dubat wobaratani.

Marsi

a) Dhiram ijolen fuul d'iqate, miil d'iqate, rifensale filat.

b) Baratan skulat, min hare, deski rigan, chafu guran.

B. Ka Hasofnu

Mii baranota

- Mii barsisanin ka ak fila, rigaa, qors ilkanitifi, bututu furro.
- Bicha nama ak dhassa uf ch'okhu.
- Kad'i qube afaan Gabra qabdu.

Qopes barsisa

- Barsisan ka gise dhasan kurfau
- Kad'i sirba qabdu mid'asani dufan min baratotatin.

Huji 1

Jecha bugi baratoota kes jiru, baratoota soomi ka si gul jettu. Qonqo olfud'ad'i jech ch'uf irr dhebif. Jechi sunni ka ufiin somte bicha jechi sun ka qubaan garsiftu. Ak worri jecha chufa qajeelan jed'u ch'aqasi qajeelchi. Jech suni kad'i jecha qabdu olqabi soma jed'in. Jechi kadi irr jirr ch'ufti bicha fakeen isi qabachu male. Barsiso tan, karr ka tuutan tochte duubat tok tokon tochitu. Akum worri soomuti hubanoota worra d'ud'umif. Barsiso tan irra baranooti wol irra wobarete, hubanoota jechaale dharati. Ammale uf tuffi kesa baafte waan teknolojjiale hog dhartiifi.

Huji 2

Ak baratoot bicha bugi worra kes jirtu irra hasooftu qajeelchi. Lamalaman qoodhi ka irra dhubatu. Fakeena, Ak nafafi woyan gurba bicha kesa jirtu, irra hassa. Bicha d'ibilen ka nama ak dhassa ufi ch'okhe agarsis. Dhubaati dhasuma chafu d'oraani kesa it himi.

Barsison tun baratoot haasa barsiifti amale hubannota teknolojia hojatani barsiifti. Worri isanileeni somo it aana maro bilbila worra kesa ijoolen wobaratu. Wolii salfachale himbariti akum tuutan hojatuti.

Huji 3

Baratoota sirba bugi worra kes jiru qonqo fayya it barbaadhi barsis. Irr dhedhebia jed'in hag worri ak dhansa sirba qabatut. Akum sirbititut ka tochaan garsiftu waan ak mata filichafa, hark d'iqachafa. Ka qarr ch'uftisi si gul sirbitu, dhubaati ka tok tokon sirbitu. Akum worri sirbuti hubanoota worra d'ud'umi. Barsisoon tuni ijoolle uf tuffi kesa baafte, hogga hasa dhartiifi. Sirbi kun dhubati dhansun chaafun ufira dowani skulaf woraleeti, barsisa.

CH. Ka Soomnu

Mii baranota

- Mii barsisanin ka ak fila, rigaa, ch'ira qench'a.
- Bicha ijole skula ta ark wolii d'it'u.
- Chati dhuridhuri wan chafu lagatani qabdh.

Qopes barsisa

- Barsisan ka gise dhasan kurfau
- Chati dhuridhuri qabdu mid'asani d'ufanin min baratotatin.

Huji 1

Baratoota ak worri waan bicha bugi kes jirtu laale irra dhubatu qajeelchi. Dhubiin tun jalqaba wansoomaniti baranoota kurfeesiti. Akum bicha irra hasoftuti baratooti, amalaf, adhab dhassa barate, wolin hasau barate amale waliin hojachule barat.

Huji 2

Baratoota ak worri wolalo bugi worra kes jirtu soomu qajeelchi. Gaafi dhebisaan worr hind'ibne ta hubanoota wolalo tana kenituufi gaafad'i. Dhebisa worra ta gubba gaafi tana it qarqari. Gaafin tun hubanoota baranoota d'und'umu malte. Dhebisani gaafi tana hoga malaafi, d'iba baasiti dhartiifi.

D. Ka Qorru

Mii baranota

- Mii barsisanin ka ak karaya fila fa.
- Bicha riga, hara fa.
- Kad'i qube afaan Gabra qabdu.

Qopes barsisa

- Barsisan ka gise dhasan kurfau
- Chati jech qabdu

Huji 1

Baranot agarsis ak worri jecha gagababa gubba bicha bugi worra kes jirtu qoru. Tuutan gargari qoodhi wan gubba bicha suni dhubad'a jed'in. Fakeena dhubi akana fa qoru malte.

1. Sabuna bisanin d'iqad'a.
2. Fila rifeaan filad'a.
3. Anin bisaanin harka d'iqad'a.

Huji 2

Baratootani, bicha bugi kesa shoora d'aa jed'in.

Ijoole wan shooran ak fed'ani hintochinile onne hinch'apsini, gara jabeesi. Baratooti feetu chufa ka bicha dhibatu. Barsison tun mala dharteefi qalbilen bantifi. Waan shoort suni worr kesan garsisa jed'in. Akasin worri ijoolelen wan barsiso it aane, oga ijole ufi hubata.

Huji 3

Baratotan ak worri jech hanqo ka bugi worra kes jiru guut qajelch. Huji tana ka tuutan qorte dhubat tok tokolen qortu. Barsison tun dhubi barsiifte fed'i woliin hojatanile kes keeti.

Huji 4

Baratotan dhubi bugi wara kes jirtu qorrad'a jedin. Yo isiin taate ka bilbil keesat qoratu ak wori bekha teknolojia dharatu. Irr mari ak worri qoratu laali fula qarqarsa mala qarqari. Wolile qarqara jed'in ak worri wolin hojachu baratu.

KUTA 5: BARA WOGA

Jalqab

Kutan kun wan bara wogat kes jira. Kuta tan gul baratan ogumma chaqasiti, dhubachiti, somiti qoriti dharat. Ogumma chaqasuma gul baratoti oddu gul dhemte amale gors gise edhu mata mat aka othule qalbefacha tati, jech hares ka bara wagga garsisule barat. Jech gababale qajelchite dhubat amale ak qonqo qulqulitile gadhbasu barat. Somiti jalat baratan gafi dhebis odhu qoran gagabinan, ka qoriti wan gise garsift amale odhu qoran qalbefatu. Ogumman qorisa barata, dhubi gagabadhu bara wooga barsiifti.

A. Ch’aqasi Jed’

Mii baranota

- Chati maqa toorbani qabdhu.
- Chati maqa jia qabdhu.
- Saadhi
- Bugi baratoota

Qopes barsisa

Mii baranoota malte ch’uf dhuratu kurfees. Yo nami bekha qabbu yaamu malan, dhuratu beesis. Waan hubanoota baratootatin d’und’uman dhuratu kurfeesi ak isiin oga atin hubachu feetu ak dhasa d’und’umtu.

Huji 1

Baratooti wan atin jete ka sigul jeetu. Jecha maqa bara woqa qabu ch’ufa qajeelchi ak worri ak isiitin jed’u. Barsiso tana kara tapatin dhantet hubachifta. Fakeena, Tuutani gargar baate wol gul jeta, ammale maromaron tapati. Baratooti Jecha maqa bara woqa qabu bugi worra kesati qorad’a jed’in. Akuma maron tapatuti amala ch’eera fokole barati.

Huji 2

Baratoota sirb bugi worra kes jiru barsiis. Waan sirbi irra dhubati gafad'i. Waan sirba kesat jed'anin ka tochan garsiftu. Wooni worri barsiiso tan irra argatu ak worri uf d'ugefaate ufiin wo hojatu. Baratotan sirb kan worr kesani sirb jedin.

B. Ka Hasofnu

Mii baranota

- Kad'i jecha bara woqa qabdu.
- Bicha bara wooga garsiiftu.
- Saadhi

Qopes barsisa

- Barsisan ka gise dhasan kurfau.
- Kad'i jecha bara woqa qabdu dhurat midafad.

Huji 1

Baratoota wolalo wan gubba ayaana torbani ka jettu. Ejjata ch'ufa ka irr dhebite jettu. Qar ka tuutan jete gul toktokon jettu. Baratoota d'iba dhubachiti qabu hinjarjarsini laanatu gegesi jecha obafachiisi ejaata worra gula. Ijoolen jarjartulen ka ak dhassa chati wolalo irrat qoran irra baratu. Baratooti kara lanaatin wo baratule hagum ejat woraat guldhemi qarqari. Ogi ijoolen barsiso tan irra argatu dhubi qajeelchan gufu male jed'an, taaleni ak worri ufiin wo hojachu baratu.

Ak hubanot d'und'uma

Akum baratooti toktokon wolalo tan jet'uti, hubanootafi bekh worrale bugi d'und'uma kesat qorad'i. Gaafi afaanitini hubanoota worra d'und'umi.

Huji 2

Baratotan bicha bugi barata kesjirtu laala irra dhubad'a jedin. Gaafi tan gaafad'i -:

- a) Bicha sun kesat man agartan?

b) Bar kan beeni man hojatan?

Baratoota qomni kenif ak worri tuutan wolgafaate dhebiftu. Worr ill laafale d'eeta kes baas ak worri dhubatu. Barsiison tun oga ch'aqasitifi dubi qajelfachifti dhartifi. Bicha irra dhubachi gula woliira wo baratti.

CH. Ka Soomnu

Mii baranota

- Chati maqa bara woqa qabdhu.
- Bicha baraf wooga garsiiftu.
- Suba kad'i jecha qabdhu.
- Bugi baratoota.

Qopes barsisa

- Bicha fed'an chuf durat kurfes
- Mii teknolojia ka fedan qopes

Huji 1

Baratootani, kad'i jech qabdhu tok tokon sub kesa fuda soma jediin. Baratootini ta kad'i suni tuutani yokhan toktokon somtu. Barsiison tun oga dhubitif, woliin hojachitif tan wold'aageti dhartiifi.

Huji 2

Baratotan ak worri wan bugi barata kesa jirra somu qajelchi. Ak woori waan soom hubatu qorqorad' kara gaafitin. Barsiso tan kesat akum tuutan soomtut wolira wobarati. Akum wo somte ammale gaafi barsisa dhebiftuni, d'eeti uf tuffi gul d'ufu kesa baa. Hubanoota baranoota, gaafi tanan d'und'umi -;

1. Guya kam skul irra oolan?
2. Gise tam gaal galchan?
3. Jii nu kes jirr kun kam?

Huji 3

Baratoota qajeelchi ak worri dhuridhuri bugi worra kes jirtu, soomu. Dhantete dhuridhuri suni qorte projektan garsiifta. Dhubaati, wan atin dhuridhuri tan irra gaafatu dhebisu malte. Barsison tun nama wan toch jed'anin guutu nama tochit.

Ak hubanot d'un d'uma

Gaafi qorsumatif ta afaanin gaafatan. Wan gaafachu malan ka gubba dhuridhuri tana dhuratu qopesi. Kara kan sadheenile dhandhete d'und'umta :

Maqa Baratoota	Dhandhae dhubi ch'uf sooma	Dhandhae dhubi gudhin sooma	Dhandhae qarqarsan dhubi takke sooma
Mamo			
Adho			

D.Ka Qorru

Mii baranota

- Chati maqa bara woqa qabdhu.
- Irsas
- Mesaf komputa.
- Kad'i qube afaan Gabra qabdhu.
- Bugi baratoota.

Qopesa barsisa

Mii baranoota dhuratu kopes.

Huji 1

Kad'i qube afaan Gabra baratoota garsisi ak worri gargari bekuh laali. Qube woldhari ak isiin jech taatu tochi. Jeechi ch'ufti ka wan gubba bara wooga tauti. Fakeena-Dhirama, Alsinina, Bona, Rooba. Jech ch'uf gargari baas, fakeena- Di ra ma, Bo na. Baranootani fula fula woldhara jech irra mid'aasa jed'ini. Barsison tun baratoota

mala d'ibaaan dhabsatan dhart.

Baratan maqa gisetin hanqo gutt jedin.

1. Nu yom lafa kakan dhiram.
2. Ganni ji agam qab? kudani lam.
3. Alsinini guya qara ka torbani.
4. Halkan gise rafan.

Huji 2

Baratoota jech gagababa bugi worra kes jirru qorad'a jed'in. Tuutan gargar qoodhi wan qoratan sun sooma jed'in. Baratoota qorsuma hinqajelfanne, qajelchifi.

List of Contributors

1. Prof. Elishiba Kimani Chairperson of KICD Council
2. Jacqueline Onyango OGW. KICD
3. Eunice Gachoka KICD
4. Winrose Rono KICD
5. Jonathan maranya KICD
6. Anthony Maina Mbutu KICD
7. Beatrice Kyule KICD
8. Safia Mohamed KICD
9. Adhe Budha
10. Hassan Bonaya
11. Mohamednur Dofata
12. Jackson Njagi Illustrator/Designer



REPUBLIC OF KENYA



KENYA INSTITUTE OF CURRICULUM DEVELOPMENT

Desai Road, Off Thika Rd.,

P.O. Box 30231 - 00100 Nairobi, Kenya.

Telephone : +254 (020) 374 9900 - 9, 374 8204, 374 7994

Fax : +254 (020) 363 9130.

Email : info@kicd.ac.ke, Website : www.kicd.ac.ke